Waliigaltee kiraakeetiif yoo deggersa seeraa barbaadde, dhaabbilee armaan gadii quunnamuu dandeessa:

**GAMTAA KIREEFFATTOOTA JARMANII**
Nuremberg and surroundings e. V.
**DEUTSCHER MIETERBUND**
Nürnberg und Umgebung e. V.
Schlehengasse 10, 90402 Nuremberg

Marsariitii: www.mieterbund-nuernberg.de
Email: info@mieterbund-nuernberg.de
Bilbila: 09 11 / 37 65 18-0

Hubachiisa: Kaffaltii jijjiirraa fudhachuudhaaf baasii miseensummaa gamtaa kireeffattootaaf ba'u tilmaama keessa galchuudhaaf dursa waan barbaachisu beekuuf, maaloo hojjetaa giddu gala hojii sanaatti itti waamamaa kan ta'e yookiin waajjira nageenya uummataa gaafadhaa.

**KIREEFFATTOOTI KIREEFFATTOOTA GARGAARU**
Waldaa Kireeffattoota Nuremberg e.V
**MIETER HELFEN MIETERN**
Nürnberger MieterInnengemeinschaft e.V.
Kirchenweg 61, 90419 Nuremberg

Marsariitii: www.mhmnuernberg.de
Email: mhm.nbg@web.de
Bilbila: 09 11 / 39 70 77

**GORSA ABBOOTII SEERAA**
Fudhattoota jijjiirraafi namoota galii gadi aanaa qabaniif carraan "tajaajila gorsaa"f iyyachuu jira. Mana Murtii Kutaa Nuremberg irraa unka gorsaa gaafachuu dandeessu:

Mana Murtii Kutaa Nuremberg
Amtsgericht Nürnberg
Fürther Straße 110, 90429 Nuremberg

Marsariitii: www.justiz.bayern.de/gerichte-und-behoerden/amtsgerichte/nuernberg
Bilbila: 09 11 / 3 21-01

Duula waliinii Gamtaa Kireeffattootaa Nuremberg fi Waajjira Nageenya jireenyaafi Hawaasummaa walkeessaa-Nageenya uummataa

Deutscher Mieterbund
Nürnberg und Umgebung e.V.

NÜRNBERG
SOZIALAMT
NAGEENYA UUMMATAA

**Herausgeber:** Stadt Nürnberg, Amt für Existenzsicherung und soziale Integration – Sozialamt, Dietzstraße 4, 90443 Nürnberg
**Druck:** noris inklusion gGmbH, Dorfäckerstraße 37, 90427 Nürnberg
**Gestaltung:** kraftfeld-b.com · **Auflage:** 1.000 Stück Oromo · Juli 2021

NÜRNBERG

**Amt für Existenzsicherung und soziale Integration – Sozialamt**

# SINIIF MANA GABNA!*

* Abdii akkasii walitti fidoota (dallaalota) shakkamoo irraa dhuguma dhageessaniittu. Namoota haaraa dhufaniif mana barbaaduu fakkeessanii ammaa amma burjaajii baasii guddaatu taasifama. Fedhii ofii isaaniif gamoo mana jireenyaa ‘apartment’ argachuuf, saalfii malee nama saamu.

Sababa kanaaf, Waajjirri Nageenya Uummataa magaalaa Nuremberg, odeeffannoo Gamtaa Kireeffattoota Nuremberg irraa argate tokko tokkoof xiyyeeffannoo kenneera:

**OFEEGGANNOO:** YEROO HUNDA NAMOOTI KANNEEN BAKKA JIREENYAA BARBAADANIF WAADAA SOBAA SEENAN JIRU. OF EEGGADHAA! ASITTI ADEEMSA BAKKA JIREENYAA BARBAADUU KEESSATTI ODEEFFANNOO BARBAACHISOO TA’AN TOKKO TOKKO ISINIIF KENNUU BARBAANNA:

## 01 KAFFALTIIN BAKKA BU’OOTAAF KAFFALAMU HIN JIRU

Akka seeraatti, waliigaltee kiraa Jarman keessatti raawwatamuuf kaffaltiin kiraa bakka bu’ootaaf kaffalamu hin jiru. Garuu: kireeffataan bakka jireenyaa barbaaduuf ofii isaatii walitti fidoota (dallaalota) ogeeyyii yoo qacarate ni kaffalama. Kaffaltiin kun hangisaa murtaawaadha. Waliigaltee hin raawwanne yoo ta’e, walitti fidootaa bakka jireenyaa kireessuurratti hojjetaniif homaa kaffaluu hin qabdan ykn kaffaltii hin barbaachifne kaffaltaniif deebitanii komii keessan dhiheeffachuu dandeessu.

## 02 KIREESSAAN KEESSAN SALPHAAMATTI WALIIGALTEE KIRAA KEESSANII HAQUU HIN DANDA’U!

Jarman keessatti, waliigalteen kiraa akka gargar hin cinneef ciminaan ittifama. Waa’ee waliigaltee kiraaa keessaniif rakkoo ykn gaaffii kamiinuu yoo qabaattan ykn kireessaa keessan waliin waan irratti waliif hin galle yoo qabaattan gargaarsa argachuu dandeessu. Gamtaan kireeffattootaafi abbootiin seeraa dhimma seeraa mana kiraa irratti deggersa isiniif kennuu danda’u.